Kabajamoo Maatii ykn Guddiftuu,

Galmeen keenya **daa'imni keessan talaallii measles, mumps, and rubella (MMR, gifira, maangurroo, shiftoo) yeroo yeroodhaan kennamu** akka hin qabne agarsiisa.

Sagantaa keenya keessatti, ykn hawaasa keessatti weerarri **dhibee gifiraa** yoo jiraate, namni talaallii MMR yeroo yeroodhaan kennamu hin qabne, ykn ragaa madinummaa dhibee gifiraa kan hin agarsiisne(eegumsa ittisaa) kamiyyuu **hanga guyyoota 21 mana turuun** akka isa barbaachisuu muummeen fayyaa gaafachuu danda'a. Kunis tatamsa’ina dhukkuba gifiraa dhaabuuf gargaara.

Talaalliin MMR daa'ima keessanii fi namoota biroo eeguuf mala baay'ee gaariidha. Yoo daa’imni keessan dhiheenya kana talaallii fudhateera ta'e, maaloo Certificate of Immunization Status (CIS, Ragaa Haala Talaallii) haaromfame dhiyeessaa.

Dhukkubni gifiraa baay'ee daddarbaa waan ta’eef dafee babal’achuu danda’a. Akkasumas rakkoo fayyaa hamaa fiduu danda’a. Odeeffannoo dabalataaf, maaloo marsariitii Washington State Department of Health (Muummee Fayyaa Kutaa Waashingitan): doh.wa.gov/measles.

Waa'ee dhukkuba gifiraa fi talaallii MMR irratti gaaffii yoo qabaattan, ogeessa kunuunsa fayyaa isiniif kennuu waliin haasa'aa.

Nagaa wajjiin,